



# SEERA KABACHIISUUN DUUBA

DHIITTA MIRGOOTA DHALA NAMAA QAAMOLEE NAGEENYAA ITOOPHIYAATIIN  
NAANNOLEE AMAARAA FI OROMIYAA KEESSATTI RAAWWATAMAN

AMNESTY  
INTERNATIONAL



**Aministii Internationaliin sosochii idil-adduynaa kan namoonni Miliyoona 7 ol ta'an mirgootni dhala namaa adunyaa guutuu irratti akka kabajamaniif kan duula taasisudha.**

**Mul'atni keenya tokkoon tokkoo namaa mirgoota Labsii Waliigalaa Mirgoota Dhala-Namaa fi istaandardiwwan Mirgoota Dhala Namaa Idil-addunyaa biroo keessatti tumaman hunda akka dhandhamani.**

**Nuti mootummaa, siyaasa, ilaalcha, fedhii dinagdee yookaan amantii kamiyyu irraa bilisa yoo taanu, maddi maallaqa keenyaa bay'inaan miseensota keenyaa fi arjooma hawaasaati.**

© Aministii Internaashinaalii 2020

Yoo eyemame qofa irraa kan hafe, qabiyeen raga kanaa 'Creative Commons' jaltti eyyema qaba (amala, miti-daldalaa, deriveetivii hinqabu, idila-addunyaa 4.0) eyyema.

Odeeffannoo dabalataaf maaloo fuulaeyyemaa marsariitii keenya: [www.amnesty.org](http://www.amnesty.org) ilaalaa Yoo maateriyaaliin Aministii Internaashinaalii ala abbaa mirgaa gargalchaa biroo caqasame, maateeriyaa alichi eyyema 'Creative Commons' tiif hinbitamu.

Jalqaba bara 2020 maxxanfame  
Aministii Internaashinaalii I/G /M tiin Peter Benenson  
House, 1 Daandii Istoni  
Landan WC1X 0DW, UK

Agarsiiftuu: AFR 25/2358/2020

Afaan Jalqabaa: Ingiliffaa

[amnesty.org](http://amnesty.org)



Suura fuulaa: © Aministii Internaashinaalii

**AMNESTY**  
INTERNATIONAL 

# QABIYYEE

<b>1. YAADA-IJOO</b>	<b>4</b>
<b>2. GUDUUNFAA</b>	<b>7</b>
<b>3. YAADA FURMAATAA</b>	<b>8</b>
3.1.1 MUUMMICHA MINISTEERAA ITOOPHIYAATIIF	8
3.1.2 MINISTEERA ITTISAAF	8
3.1.3 MINISTEERA NAGAA, KOMIISHINII POOLISII FEDERAALAA, FI WAAJJIRA ABBAA ALANGAA MUUMMICHAATIIF	8
3.1.4 MINISTEERA NAGAATIIF	9
3.1.5 MOOTUMMOOTA GAMTOOMANII, GAMTAA AFIRIKAA, ABBAA TAAYITAA TUMSA MISOOMAA MOOTUMMAWWANIITIIF (IGAD)	9
3.1.6 GAMTAA AWUROOPPAA, YUUNAAYITID ISTEET, YUUNAAYITID KIINGIDAM, KANAADAA, CHAAYINAA, KEENIYAA, AFIRIKAA KIBBAATIIF	10

# 1. YAADA-IJOO

Jijjiiramni siyaasaa Itoophiyaa bara 2018 keessa motummaa amma jiruun jalqabame biyyattiin hojimaata badaa qabiinsa mirgoota dhala-namaa kan akka ajjeechaa murtii mana murtii maleessaa, dararaa fi sarbiinsa mirgoota dhala namaa biroo kan akka humnaan miliqsuu irraa maqaa akka qulqulleeffatuuf carraa kenneera.

Bu'aalee Jijjiiramichaan argaman keessaa hidhamtoonni siyaasaa kumaatamaan lakkaa'aman gad-lakkifamuun, mormitoonni siyaasa kan biyyaa baqatanii turan gara biyyaatti akka deebi'an heyyemamuu fi biyya keessatti seeraan akka galmaa'an taasisuu, seeroota ukkaamsoo mootummaan duraani bara 2009 irraa eegalee saba-himaalee naannoo, dhaabbilee hawaasummaa fi dhaabbilee mormitoota siyaasaa ittiin laamshessuuf dhimma itti ba'aa ture kan akka Labsii Hawaasummaa fi Tola-oltummaa, fi Labsii Farra-shororkeessummaa haquun isaan gurguddoodha.

Tarkaanfileen jalqaba fudhatamaa turan haala mirgoota dhala namaa biyyittii gara fooyessuutti kan geessan ta'anii osoo jirani, aadaan dulloomaa kan akka goolii/jeequmsa humnoota nageenyaan raawwatamu haga ammaaitti fufuun bu'aa yeroo-dheera eegamu ugguruu waan danda'uuf nama yaadessa.

Argannoon qorannoo Aministii Internaashinaaliin jeequmsa hawaasaa naanoolee Amaaraa fi Oromiyaa keessatti bara 2019 keessa raawwataman irratti gaggeesse akka agarsiisutti Raayyaan Ittisa Itoophiyaa, Humnootni poolisii Addaa naanoolee, qondaaltota bulchiinsa aanaalee fi milishoota gandaa isaan deeggaran, dargaggootaa hidhatanii fi garee fedhiin nagaa eegsisuu irratti hirmaatan dhiittaa mirga dhala namaa cimaa godinaalee Mootummaa Naannoo Oromiyaa Gujii Bahaa fi Gufii Lixaa, fi godinaalee Mootummaa Naannoo Amaaraa Gondor Lixaa fi Gondor Giddugalaa keessatti raawwataniiru.

Qorattoonni, akka humnootni nagaa godinaalee Gujii lamaan keessatti bobbaafaman gochaalee ajjeechaa murtii mana murtii maleessaa akka raawwatan, tasa akka nama to'atanii fi hidhan, jiraattota humnaan qe'ee issanii irraa akka buqqisan, qabeenya akka mancaasan, dararaa fi gochaalee gara-jabeenya biroo nama irratti akka raawwatan bira ga'aniiru. Qorattoonni kun naannoo Amaaraa keessatti gareen humna poolisii addaa naannoo fi miliishaan gandaa walitti bu'iinsa hawaasaa saba Amaaraa fi saba Qimaanti gidduutti Gondar Lixaa fi Gondar Giddugalaa keessatti taasifame keessaa akka harka qaban hubataniiru.

Mootummaan Muummicha Ministeeraa Abiyyi Ahimad refoormii mirgoota dhala namaa erga jalqabsiisee as yeroon jiru muddama siyaasaa fi sabummaan kan guutamee fi riphee-loltootummaa kan kakaase fiwalitti-bu'insa keessoo hawwaasaa naannowwan Amaara, Oromiyaa, Harar, Dirree Dhawaa, Benishaangul, fi Saboota, Sab-lammoota fi Ummattoota Kibbaan (SSUK) kan guutame dha. Gareen hidhataa, Waraana Bilisummaa Oromoo (WBO) jedhee of waamu kutaalee Lixaa fi Kibba Oromiyaa keessatti haleellaa hidhannoo gaggeesse. WBO'n garee hidhataa damee loltuu Adda Bilisummaa Oromoo (ABO) irraa kan foxxoqedha. ABO'n dhaaba siyaasaa mormituu kan bara 2018 biyyatti deebi'ee qabsoo siyaasaa karaa nagaa itti fufuu eegaluun dura biyya ambaa taa'ee qabsoo hidhannoo kan gaggeessaa turedha.

Jeequmsa hidhannoo kanaaf deebii kennuuf jecha mootummaan Amajjii 2019 keessa komaandi poostii hundeessuun WBO irratti duula gaggeesse-kun immoo raawwii walta'iinsa humnoota nageenyaa federaalaa fi nannootiini. Mootummaan walitti bu'iinsa hawaasa naanoolee Amaaraa, Hararii, fi SSUK hiikuufis komaandi postii fayyadameera.

Qorattoonni Aministii Internaashinalii namoota 80 ol ta'an magaala guddoo Finfinnee dabalate, Gondar, Ayikel, Ayimbaa, Walaqaa, fi Hawaasaa keessatti argaman keesuumattu midhamtootaa fi/ yookan namoota kallattiin ragaa dhiittaa mirgoota dhala namaa ta'an haasofsiisanii jiru. Kanneen gaaffii deebiin tasifameef keessaa digdamii-tokko (21) dubartoota turan. Ragaawwan kunneen qonnaan bultoota/ horsiise bultoota, abootii qabeenyaa, barattoota, hojjettoota mootummaa, mormitootaa siyaasa, fi barsiiftota kan of keessatti qabatedha. Qorattoonni kun dabalataanis hogganaa waajjira Dhaabbata Fannoo Diimaa Itoophiyaa kan damee magaalaa Gondar, fi hogganaa garee Bulchiinsaa fi Nageenyaa godina Gondar Giddugalaa waliin gaaffii fi deebii taasisaniiru. Qorattoonni ragaalee, gabaasalee oduu, suuraalee midhamtoota fi fakkiwwan satalaayitii adda addaa xiinxalaniiru.

Aministii Internaashinaaliin Ministeera Nagaa, A/Alangaa Muummichaa Federaalaa, Komiishinii Poolisii Federaalaa, Biiroo Dhimma Bulchiinsaa fi Nageenyaa Oromiyaa, Komiishinii Poolisii Oromiyaa, Biiroo Nageenyaa Amaaraa, fi Komiishinii Poolisii Amaaraa argannoowwan qorannichaa sadarkaalee adda adda irratti akka yaada kennan carraaqeera. Haata'u malee, gaaffiiwwan toora e-meyiliin, xalayaan, bilbilaan, qaamaan argachuuf yaaliin yoo godhame iyyuu deebii argachuu hindandeenye. Biiroo Nageenyaa Naannoo

Amaara qofti gaaffii isaaf dhiyaate fudhatee yaada gumaache. Biiroo Nageenyaa Naannoo Amaaraa deebii isaatiif ni galateeffanna.

Qorannoon keenya akka agarsiisutti, naannoo Oromiyaa aanaa Gooroo Doolaa goodina Gujii Bahaa fi aanaa Dugda Daawaa godina Gujii Lixaa keessatti Amajjii 2019 irraa egalee yoo xiqqaate namoonni 39 murtii seeraa tokko malee ajjeefamaniiru. Miidhamtoonni ajjeechaa Seeraan alaa aanaa Gooroo Doolaa keessatti irratti raawwatame keessaa afur (4) firooma walitti dhiyoo kan qabanidha. Maatiin isaanis to'annoo fi hidhaa tasaa walirraa hincinneef qiyyaafatamanii turan. Miidhamtoonni arfan murtii seera maleessaan Raayyaa Ittisa Biyyaa Itoophiyaan Gooroo Doolaa keessatti ajjeefaman: Abdullaahii Gooluu Halakee, Bodishaa Culuqqee, Qaanqee Uturaa, fi Dhadacha Mi'essaa Halakee firooma dhiyoo qabu. Abdullahii, Dhaddachaa, fi Uturaan kutaa iitt hidhamanii turan keessaa Raayyaan Ittisaa Biyyaa Itoophiyaa halkan walakkaa baasanii ganama isaa du'anii argamani.

Komaandi poostiin godinaalee Gujii lammeen keessaa namoota WBO fi ABO deggaru jedhamanii shakkaman irratti to'annaa fi hidhaa tasaa yeroo baayyee gaggeesseera. Namoonni tokko tokko hidhaa irra deddeebiif yeroo saaxilaman, namoonni kumaatamatti lakka'aman buufataalee poolisii aanaalee godinoota Gujii Bahaa fi Lixaa keessatti hidhaa yeroo dheeraaf taasifamaniiru. Komaand poostonni to'atamtoota kumaatamaan Oromiyaa hunda irraa Mooraa Leenjii Ittisa Biyyaa Xoolayitti- geejjibuun dirqiidhaan lenjii waa'ee olaantummaa seeraa, heera mootummaa, fi seenaa qabsoo Oromoo fudhatan. Dabalataanis, leenjifamtoonni yeroo marii garee akka ceephoo buufatan dirqamu. Kanneen balleessaa isaanii amanuu didan gara Kollejjii Poolisii Oromiyaa Sanqallee- bakka yoo xiqqaate to'atamtoonni 2,000 ta'an ji'ootaaf itti tursiifamanitti dabarfamu. Haalli turtii to'annoo Sanqallee innumaa adabbii hamtuudha- nyaanni ga'aan, fi siren/ciisichi hinjiru, akkasumas dararuu fi gochaalee hammeenya biroo bakka itti rawwatamani. To'atamtoonni ganamaa fi galgala daqiiqaa kudhaniif gadi baafamuu irraa kan hafe guyyaa guutuu balballi itti cufamee oolu.

Hawaasni gamisa horsiisee bulaa (semi-pastoralist) aanaa Gooroo Doolaa bakka adda addaa irraa sababa seera kabachiisuu komaandi poostiin qe'ee isaanii irraa humnaan buqqifamanii jiran. Humnaan buqqa'uu fi deebi'anii qubachuun hawaasaa kun immoo aadaa jiruu fi jireenya isaanii jeequun galii isaanii miidheera. Dabalataan, Raayyaan Ittisaa Itoophiyaa, Poolisii Oromiyaa, hanga'oota bulchiinsa aanaa/gandaa fi milishootni gandaa deggertoota /miseensota WBOti shakkii jedhuun namoota mana jireenyaa, qonnaa, fi daldala isaanii jalaa gubanii mancaasaniiru.

Naannoo Amaaraatti, walitti-bu'iinsa hawaasaa gidduutti ji'a Amajjii 2019 keessa uumameen yoo xiqqaate namoonni 150 ajjeefamaniiru. Haleellaa si'a tokkoon saba Qimaanti ollaa Matammaa-magaala daangaa Gondar Lixaatti argamtu keessatti rawwatameen yoo xiqqaate namoonni saba Qimaanti ta'an 58 Amajjii 10-11, 2019 sa'a 24 keessatti ajjeefamaniiru. Kanneen ajjeefaman keessaa obbolaan sadii- Siyyum Taaddegee, Malkaamuu Taaddegee, fi Iyyaayyuu Taaddagee-fi ilmi abbeera isaanii Muluuqan Abbabaa keessatti argamu. Bulchitoonni fi milishoonni gandaa, garee fedhiin nagaa eegaan fi dargaggootaa Faannoo jedhamee beekamu waliin ta'uun jiraattota ollaa saba Qimaanti ta'an irratti qawwee, dhakaa, fi abiddatti dhimma ba'uun haleellaa raawwatan. Raayyaan Ittisaa Biyyaa Itoophiyaa magaala sana keessa qubatanii turan gargaarsaaf irra deddeebbiin waamamanis, tarii gidduu seenuuf ajaja waan hinqabneef ta'uu mala, haleellaa sana ambisuuf tarkaanfii tokkollee hinfudhanne.

Walitti bu'iinsi hawaasaa kun aanaalee ollaa kan akka Ciilgaa, Qowaaraa, fi magaala Gondar fi naannawa isaas miidheera-hawaasa hundarraa dhibbaatamni ajjeefamanii, fi kumaatamni qe'ee isaanii irraa buqqifamaniiru. Azezo kanmagaala kaaba magaala Gondaritti argamtu keessatti, Fulbaana 29, 2019 gareen dargaggoo Faannoo ajjeechaa nama sabaan Amaaraa ta'e tokko naannawa Cilgaatti- bakka sabni Qimaant itti baayyatutti raawwateef haaloo ba'uuf haleellaa raawwateen miseensonni maatii tokkoo namni afur, kan da'imni tokko keessa jiru gubamaniiru.

Guyyota itti aanan keessatti haleellaan kun saba Qimaant biroo naannawa sana jiraatanirratti qaqqabe, booda gara magaala Gondaritti baballate. Akka ragaan Kutaa Nageenya mootummaa godina Gondar Giddugalaa agarsiisutti, walitti bu'iinsa hawaasaa kun dhuma ji'a Fulbaanaa irraa eegalee haga walakkaa Onkololeessaa 2019tti itti fufuun yoo xiqqaate namootni 46 ajjeefamaniiru. Yeroo gareen Faannoo mana manarra deemee jiraattota Qimaanti haleelaa turetti, humnoonni nageenyaa bay'inaan poolisiin naannoo fi milishaan gandaa jeequmsa magaala Gondaritti fi naannawa isaatti taasifamaa ture to'achuuf heyyemamoo hinturre.

Wal-haleellaan ummattoota saba Amaaraa fi Qimaanti namoota kumaan lakka'aaman qe'ee irraa buqqisuun gara magaala Gondar, Walaqaa, Ciilgaa, fi Ayimbaatti akka godaanan taasise. Namoonni biyya keessatti godaanan dhiittaa mirgoota dhala namaa adda addaa kan akka gargaarsa hawaasummaa dhorkatamuu- bakka irraa buqqa'anitti akka deebi'an dhiibbaa taasisuuf, dirqamaan bakka irraa godaananitti deebifamuu, fi tajaajila bu'uuraa (barnoota, fayyaa fi mana jireenaa ga'aa) dhabuutu isaan qunnama. Aanaa Qowaaraa

irraa Amajjii 2019 haatii ljoolllee baqatte tokko akka Aministii Internaashinaalitti himtetti ijoolleen ishee barnoota addaan kutanii haftee nyaataa argachuuf jecha hojii humnaa maatii biroof akka hojjetan ibsiteetti.

Akkuma filannoon waliigalaa Hagayya 2020 tti karoorfamee ture dhiyaataa dhufeen- Boordiin Filannoo Biyyoolessaa Itoophiyaa sababa sodaa COVID-19 yeroo filannoo dheeresuu isaa Bitootessa 31 ifatti ibsa kennun dura, haalli siyaasaa jeequmsaa fi walitti-bi'iinsa hawaasaa uumuun muddama fidee ture. Ibsi filannoo haqe kun immoo sababa yeroon filannoo itti aanuu ifatti hinbeekamneefi yeroon hojii manneen marii fi hojii-raawwachiiftuu kan federaalaa fi kan naannolee Onkolooless 2020 dhumatuun walqabatee shakkiiwaan uumuu, fi tarsiimoo burjaaajii heera mootommaa ittiin furuu danda'an irratti wal-dhabdee dhaabbilee siyaasaa waan dammaqseef biyyittii irratti muddama siyaasaa fideera.

Dhimmota olitti ibsaman yaada keessa galchuun, Aministii Internaashinaaliin yaada furmaataa armaan gadii dabarsa. Mootummaan Itoophiyaa humnootiin nageenyaa dhiittaa mirgoota dhala namaa raawwachuu akka dhaaban mirkaneessuuf tarkaanfii addaa fudhachuu qaba. Mootummaan akka humnootni nageenyaa ajjeechaa murtii mana murtii maleessaa akka hinraawwanne, to'annaa fi hidhaa tasaa hingedessifne, namoota qe'ee isaanii irraa humnaan akka hinbuqqisnee, fi qabeenya namoota gareewwan hidhattootaa yookaan dhaabbilee siyaasaa deggeruun shakkamanii akka hin mancaasne ajaja dabarsuu qaba. Kana malees, mootummaan kutaalee nageenyaa hawaasaa gidduutti walitti-buiinsa kakaasan fi dhiittaa mirga dhala namaa raawwatan bittinneessuun aadaa Humnootni Nageenyaa Itoophiyaa gaafatama irraa bilisa ta'an xumuruu qaba. Dabalataanis, mootummaan dhiittaa mirgoota dhala namaa kutaaleen nageenyaa kun gessisan irratti qorannoo bilisaa, loogi-malee, fi amanamaa ta'e akka gaggeessu yaamicha goonaaf. Kanneen seera addunyaa fi waliigalte Idil-adduynaa cabsuun yakka dalaguun shakkaman irratti himatni sera qabeessa ta'e qagaa amansiisaa waliin qindaaa'ee dhiyaachuu qaba.

# 2. GUDUUNFAA

Qorannoon keenya akka agarsiisutti, miseensotni humnoota nageenyaa Itoophiyaa- Raayyaa Ittisaa Itoophiyaa, Poolisii Oromiyaa fi Milishoota gandaa dhiittaa mirgoota dhala namaa hadhaawaa raawwatani jiru. Gareen kun komaandi postii jalatti gurmaa'uudhaan hidhatoota Waraana Bilisummaa Oromoo kan jaarmaya Adda Bilisummaa Oromoo irra adda ba'e irratti kan bobba'e dha.

Dabalataanis, naannoo Amaaraa keessatti walitti bu'iinsa hawaasaa keessa kallattiinis ta'e alkallattin harka qabaachuu qorannoo keenyaan hubanneerra. Qaamni nageenyaa, walitti- bu'iinsa hawaasaa Gondar Lixaatti uumame ittisuuf tarkaanfii ga'aa ta'e hin fudhanne. Walitti bu'iinsi hawaasaa Amaaraa fi Qimaanti ji'ootaaf ho'ifamaa ture- fakkeenyaaf bifa walitti-bu'iinsa xixiqqoo fi waraqaa barreeffama Qimaanti akka qe'ee gad-dhiisu ajaju facaasuun-osoo jeequmsi inni guddaan baatii Fulbaanaa fi Onkoloolessaa 2019 magaalota Matammaa fi Gondar keessatti walduraduubaan hindho'iin ture.

Gabaasi kun ragaa ajjeechaa seer-maleessaa namoota 39 aanaa Gooroo Doolaa godina Gujii Bahaa fi aanaa Daawaa godina Gujii Lixaa taasifamaa ture walitti qabeera. Kanneen keessaa, Amanistii Internaashinaaliin homoonni nageenyaa ajjeechaa murtii mana murtii maleessaa yoo xiqqaate namoota 25 ji'a Amajjii hanga Muddee 2019 jidduutti aajjeesuu isaanii adda baaseera. Naannoo Amaaraatti, yoo xiqqaate namoonni 130 walitti-bu'iinsa hawaasaa kan humnoonni nageenyaa itti hirmaataniin ajjeefamaniiru.

Godinaalee Gondar Lixaa fi Gondar Giddugalaa naannoo Amaaraa keessatti, humnoonni nageenyaa naannoo bifa hedduun walitti-bu'iinsa hawaasaa saba Amaaraa fi Qimaanti Fulbaana 2018 hanga Onkoloolessa 2019 taasifame deggeraniiru. Yeroo gareen fedhiin nagaa eegaa dargaggota Amaaraa Faannoo jedhamu handhuura haleellaa Qimaanti irratti raawwatamu ta'ee osoo jiruu, miseensonni poolisii humana addaa naannichaa fi milishoonni gandaa jeequmsa Qimaanti irratti qiyyaafate keessatti shoora guddaa taphataniiru.

Oromiyaa keessatti, namoota WBO fi dhaabbilee mormituu siyaasaa deggeruun shakkaman kumaatama irratti to'annoo fi hidhaan tasaa milishaa gandaa, Poolisii Oromiyaa fi Raayyaa Ittisaa Itoophiyaan adeemsifameera. Himannaa yakkaa tokko malee, humnootni nageenyaa to'atamtoota hundaan akka isaan WBO deggeruu, odeeffannoo qooduu, fi nyaachisuun shakkaman itti himan. Shakkamtoonni himata tokko malee buufata poolisii aanaalee keessatti giddugalaan ji'a shanii ol tursiifamaniiru, kumaan kan lakka'aman immoo bakka hidhaa seerummaa hinqabne gara Mooraa Leenjii Ittisa Biyyaa Xollay fi Kollejii Leenjii Poolisii Oromiyaa Sanqallee tti ggeejjibamaniiru. To'atamtoonni carraa abukaatoo, mana nurtii, maatii isaanii yookan nama bakka to'annoon ala jiruu kamuu waliin wal-arguu hindanada'an. Xiqqeenyaan namoonni 10,000 yeroo to'annaan Amajjii 2019 ballinaan eegalee kaasee Xoollay tti to'annoo jala turaniiru

To'atamtoonni buufatalee poolisii fi Kollejii Leenjii Poolisii Sanqallee keessatti hidhaman haala hamtuu nyaanni ga'aan, siren/ciisichi, fi diida keessa socho'uun hinjirre keessa turan. Poolisiin buufata poolisii Haaraqallootti galma hidhaa ga'eessonni itti hidaman keessatti ga'eessota waliin ijoollee hidheera. Xoollay bakka komaandi postiiwwan Oromiyaa to'atamtoota kumaatama kutaalee Oromiyaa adda addaa keessaa walitti guuruun leenjii haaromsaa akka fudhataniif dirqisiisani, fi leenjiftoonni akka to'atamtoonni yakkamoo of taasisan dirqisiisani. Kana malees, dhimmoonni to'atamtoota irratti dararaa fi qabiinsa akkamalee biro kan gidirsa saalaa dabalatu rawwatameera. Dubartoonni gaaffii fi deebii irratti yaada kennan lama gidirsa saalaaf saaxilamuu isaanii himaniiru.

Gandoota baadiyyaa goodinaalee Gujii bahaa fi Gujii Lixaa keessatti, humnootni nageenyaa komaandi postii jala jiran humnaan qe'ee irraa hari'uu fi qabeenya mancaasuu akka qaama tarsiimoo seera kabachiisuutti fayyadamu. Raayyaan Ittisa Itoophiyaa, fi bulchitoonni gandaa tarkaanfii qe'eerra buqqisuu fudhachuun dura jiraattota hin mariisfne akkasumas hinbeeksifne.

Namoonni walitti-bu'iinsa hawaasaa saba Amaaraa fi saba Qimaanti lamaan irraa qe'ee irraa buqqa'an sababa magaalota xixiqqoo isaan yeroof keessa qubatan keessa carraaleen hojii galii argamsiisan xaqqaa ta'ee, fi deggersi isaan mootummaa irraa argatan ga'aa hintaaneen rakkoo hedduuf saaxilamaniiru. Buqqaatonni gargaarsi hawaasummaa ga'aa fi amansiisaa ta'uu dhabuu isaa komatu. Akka isaan qe'ee isaaniitti debi'aniif dirqisiisuuf jecha gargaarsa mootummaa irraa tursiifamuu isaas komataniiru. Buqqaatonni kun qe'een isaan irraa baqatan ammayyu sodan walitti bu'iinsi hawaasaa waan jiruuf deebi'uun balaa akka qabutti hubatu.

# 3. YAADA FURMAATAA

Bu'uura argannoowwan kanaa olii irratti hundaa'uudhaan, dhiittaa mirgoota dhala namaa yeroo filaannoo waliigalaa fuuldura jirutti ammaachuu akka danda'uu Amanistii Interanaashinaalii ni yaachisa. Filannichi, filannoo dhaabileen siyaasaa sababa dirreen siyaasaa biyyittii keessatti bara 2018 irraa eegalee banameef baqa irraa deebi'anii itti hirmaataniif, dorgommii cimaa akka keessummeessu ni eegama.

Waan kana ta'eef, Aministii Internaashinaalin yaada furmaataa ariifachiisoo tarkaanfii hatattamaa filannoo waliigalaa dhufaa jiruun dura mootummaa Itoophiyaan fudhatamuu qaban adda baaseera.

## 3.1.1 MUUMMICHA MINISTEERAA ITOOPHIYAATIIF

- Humnootni nageenyaa yeroo opireeshinii seera kabachiisuu goodinaalee Gujii Bahaa fi Gujii Lixaa keessatti gaggeessan ajjeechaa murtii mana murtii maleessaa, hidhaa fi to'annoo jumlaa, humnaan buqqisuu, fi qabeenya mancaasuu akka dhaaban ifatti ajaja dabarsi;
- Ergamaa fi seerawwan ittiin bulmaataa humnoota nageenyaa sodaa nageenyaa -jeequmsa hidhannoo gaggeeffamuu fi walitti-bu'iinsa hawaasaa to'achuuf bobbaafamanii qixa istaandardiiwwan seeraa Mirgoota Dhala namaa idil-addunyaatiin maxxansii ibsi;
- Atattamaan qaama gorsaa damee nageenyaa bu'a qabeessa, amanamaa, sivilii, fi bilisa ta'ee fi duula seera kabachiisuu Raayyaa Ittisaa Itoophiyaa irrattis ergama kan qabu hundeessi;
- Mootummoota Gamtoomaniitti Tooftaa Addaa Mirgoota Namaaf, Gabaastota Addaa Ajjeechaa Murtii Mana Murtii Maleessaa, Qaxxaamuraa ykn Akka Feeteen dabalatee biyyaattii akka daawwatan affeeri.

## 3.1.2 MINISTEERA ITTISAAF

- Kutaalee humna nageenyaa kallattiin walitti-bu'iinsa hawaasaa keessatti hirmaatan bittinneessi. Dhiittaa mirgoota dhala namaa kutaaleen kun raawwatan irratti qorannoo bilisa, loogiimalee, gadifageenyaa kan qabu, amanamaa fi bu'a qabeessa ta'e gaggeessi. Bakka ragaan ga'an argametti immoo kanneen seera adunaa fi waliigaltee mirga namoomaa Idil-Addunyaa cabsuun yakka raawwachuun shakkaman irratti himata seera-qabeessa akka dhiyaatu mirkaneesi.

## 3.1.3 MINISTEERA NAGAA, KOMIISHINII POOLISII FEDERAALAA, FI WAAJJIRA ABBAA ALANGAA MUUMMICHAATIIF

- Hoggantoota if miseensota garee fedhiin naga-eegdotaa ajjeechaa murtii mana murtii maleessaa raawwatan, qaamaa madeessan, fi namoota buqqisan irratti qorannaa gaggeessii seeratti dhiyeessaa;
- Humnoota nageenyaa Oromiyaa komaandi postii jalatti bobba'anii goodinaalee Gujii Bahaa fi Gujii Lixaa keessatti yakka gudeeddi fi gidirsa saalaan shakkaman irratti qorannoo bilisa, loogiimalee, gadifageenyaa, amanamaa gaggeessiisaa;
- Ajjeechaa fi Butii, keessumatti Oromiyaa keessatti WBO raawwataman irrattis qorannoo bilisaa, loogiimalee, gadi fageenyaa, amanamaa fi bu'aqabeessa ta'e gaggeessaa;
- Namoota walitti -bu'iinsa hawaasaa aanaalee Matammaa, Qowaara, fi Xagadeetti Amajjii 2019 uumame; fi Azezoo, Gondar, Walaqaa/ Arbaabaa fi Ciilgaatti Fulbaanaa fi Onkolooless 2019 uumame, kakaasuu fi keessatti hirmaachuun shakkaman irratti qorannoo gaggeessaati seeratti dhiyeessaa;
- Humnoota nageenyaa, miseensota Raayyaa Ittisa Etoophiyaa, Humna Poolisii Addaa nannolee, fi milishaa gandaa hundaaf seera kabachiisuu mirgoota dhala namaan wal- ta'an irratti leenjii bu'a qabeessa kennaa;



- Gulantaalee mootummaan ittiin gochaalee ajjeechaa seeraan alaa, ajjeechaa murtii mana murtii maleessaa dabalatee, gudeeddii, dararsuu fi qabiinsa akkamalee biro qoratee seeratti dhiyeessu idileen maxxansaa;
- Miidhamtoonni dhuunfaa humnaan buqqifaman akka lafaa fi mana isaaniitti deebi’an isaaniif eyyemaa, haalas mijeessaa;
- Akeeka dhiittaa mirgoota dhala namaa hunda to’annoon, gudeeddaa fi gidirsa saalaan walqabatan qoradhaa seeratti dhiyeessaa;
- Shoora miseensota humnoota nageenyaa- Raayyaa Ittisa Itoophiyaa, poolisii federaalaa, poolisii naannoo Amaaraa, fi bulchitootaa fi milishaa gandaa walitti bu’iinsa hawaasaa ummata Amaaraa fi Qimaanti keessatti qaban irratti qorannoo bilisa, loogiimalee, gad ifageenyaa, fi amanamaa ta’e gaggeessaa.

### 3.1.4 MINISTEERA NAGAATIIF

- Gargaarsa hawaasummaa ariifachiisaa nyaata, akaakuu miti-nyaataa, eegumsaa, fi qulqullinaa kan dabalatu hawaasa humnoota nageenyaa fi jeequmsa walitti-bu’iinsa hawaasaan qe’ee irraa buqqa’aniif dhiyeessii godhaa yookaan dhiyeessii isaaf haala mijeessaa.
- Maatiiwwan qabeenyi, qonnaa, fi beelladni isaanii jalaa manca’ee fi gubatee, fi jiruu fi jireenyi jalaa badeef beenyaa ga’aa atattamaan kennaafi;
- Gargaarsa hawaasummaa ga’aa fi tilmaamaa ta’e kanneen godaantota keessoo naannoo Amaaraaf kennaa yookaan kennama isaatiif haala mijeessaa;
- Yakkoota seerota idil-addunyaa jalatti biyyattii keessatti raawwataman toora Prinsippiloota fi Qajeeltowwan miidhamtoota dhuunfaa hirphuu fi Seera Mirgoota Dhala-namaa Idil-addunyaa Miidhamtoota Jeequmsaa guddaaf taasifaman Bayyaannachiisuu fi Seera Gaaga’ama Guddaa Gargaarsa Hawaasummaa Idil-addunyaa (Van Boven/Bassiouni Principles) fi Immaata Haqaa Ce’umsa Afirikaan hiikuuf tarkaanfilee haqaa yeroo ce’umsaa amma jiru kana hunda haammachiisaa, ifa, fi adeemsa gafatamummaan akka qabaatuuf haaromsaa
- Buqqaatonni keessoo gara qe’ee issaniitti deebifaman fedhiin, miidhaa irraa bilisaa fi kabajaan ta’u isaa mirkaneessaa;
- Walitti bu’iinsa hawaasaa biyyitti keessaa hundee irraa furuuf tarsiimoo yeroo gabaabaa fi dheeraa qopheeffadhaa hojii irra oolchaa.

### 3.1.5 MOOTUMMOOTA GAMTOOMANII, GAMTAA AFIRIIKAA, ABBAA TAAYITAA TUMSA MISOOMAA MOOTUMMAWWANIITIIF (IGAD)

- Mootummaan Itoophiyaa yaadota furmaataa gabaasaa kanaa, kessumattu yaadota furmaataa ariifachiisoo filannoo Hagayya 2020n dura raawwatamuu qabaniif dursa addaa kennee hojiitti akka hiiku jajjabeessaa;
- Komiishinii Mirgoota Dhala namaa Itoophiyaa, Dhaabbilee Mirgoota Dhala namaa aanaalee/ gandootaa, fi dhaabbileen hawaasummaa dhiittaa mirgoota dhala namaa Itoophiyaa keessatti raawwatamu qoratanii akka gabaasan deggeraa;
- Tooftaa bu’a-qabeessa haalli mirgoota dhalan amaa filannoon dura, guyyaa sagaleen kennamuu, fi filannoon boodaa itt to’atamanii fi sakatta’aman jajjabeessaa;
- Tarsiimoo itti fufiinsaan walitti-bu’iinsa tilmaamu, ittisu, fi furu deggeraa; fi
- Hambaa gidiraa bara durii furuuf akk ata’utti akkaataa piriinsippiloota Van Boven/Bassoni, fi Imaammata Ce’umsa Haqaa Afirika bu’uureffateen adeemsa haqaa haammataa, ifaa, fi madaalawaa ta’a deggeraa, jajjabeessaa

### **3.1.6 GAMTAA AWUROOPPA, YUUNAAAYITID ISTEET, YUUNAAAYITID KIINGIDAM, KANAADAA, CHAAYINAA, KEENIYAA, AFIRIKAA KIBBAATIIF**

- Mootummaan Itoophiyaa yaadota furmaataa gabaasaa kanaa, kessumattu yaadota furmaataa ariifachiisoo filannoo Hagayya 2020n dura raawwatamuu qabaniif dursa addaa kennee hojiitti akka hiiku jajjabeessaa;
- Kenna leenjii poolisii siviiliif deggersa tekinikaa taasisaa;
- Gargaarsa hawwasummaa ariifachiisoo buqqaatota biyya keessaaf barbaachisaniif deggersa dabalataa tekinikaa fi mallaqaa dhiyeessaa;
- Tarsiimoo itti fufiinsaan walitti-bu'iinsa tilmaamu, ittisuu, fi furu deggeraa;
- Hambaa gidiraa bara durii furuuf akka ta'utti, akkaataa piriinsippiloota Van Boven/Bassoni, fi Imaammata Ce'umsa Haqaa Afirikaa bu'uureffachuuf adeemsa haqaa hunda haammataa, ifaa, fi madaalawaa ta'e deggeraa, jajjabeessaa;
- Miseensonni humna nageenyaa mirgoota dhala namaa akka kabajan, eeganii, fi beeksisan atattamaan dandeettii isaanii gabbisuuf akka deggertan waadaa galaa, haalas mijeessaa; fi
- Dhaabbileen hawaasummaa, miidiyaa fi falmitoota mirga dhala nama aanaa/gandaa biyyittii keessatti haala mirgoota dhala namaa hordofuu, ragaa qabachuu, gabaasuu, beeksisuu fi duula taasisuun akka eegan fi beeksisan gargaarsa tekinikaa fi mallaqaa guddisaa.

**AMINISTII  
INTERNAASHINAALIIN  
DHAABBATA IDIL-ADDUNYAA  
MIRGOOTA DHALA NAMAAF  
SOCHO'U.  
YEROO HAQNI NAMA  
TOKKOO DABU, HUNDA  
KEENYA NI YAACHISA.**

NU QUNNAMA



[info@amnesty.org](mailto:info@amnesty.org)



+44 (0)20 7413 5500

HAASOOTTI MAKAMA



[www.facebook.com/AmnestyGlobal](http://www.facebook.com/AmnestyGlobal)



@Amnesty

# SEERA KABACHIISUUN DUUBA

## DHIITAA MIRGOOTA DHALA NAMAA HUMNOOTA NAGEENYA ITOOPHIYAATIIN AMAARAA FI OROMIYAA KEESSATTI RAAWWATAMAN

Jijjiiramni siyaasaa Itoophiyaa bara 2018 keessa motumma ammaa jiruun jalqabame biyyattiin galmee badaa mirgoota dhala-namaa kan akka ajjeechaa murtii mana murtii maleessaa, dararaa fi qabiinsa badaa mirgoota dhala namaa biroo kan akka humnaan miliqsuu irraa maqaa akka qulqulleeffattuf carraa kenneera. Tarkaanfileen jalqaba fudhatamaa turan haala mirgoota dhala namaa biyyittii gara fooyessuutti kan geessan ta'anii osoo jirani, aadaa dulloomaa jeequmsa uumuu kan humnoota nageenyaa raawwatan haga ammaa jiraachuun bu'aa yeroo-dheera ugguruu akka danda'u ni yaaddessa.

Argannoon qorannoo Aministii Internaashinaaliin jeequmsa hawaasaa naanoolee Amaaraa fi Oromiyaarratti bara 2019 keessa rawwataman irratti gaggeesse akka agarsiisutti Raayyaan Ittisa Biyyaa Itoophiyaa, Humnootni Addaa poolisii naannoolee, qondaaltota bulchiinsa aanolee fi milishoota isaaniin deggeran, garee fedhiin nagaa eegsiftootaa fi dargaggootaa hidhatanin dhiittaa mirgoota dhala namaa cimaa godinaalee Mootummaa Naannoo Oromiyaa Gujii Bahaa fi Gufii Lixaa, fi godinaalee Mootummaa Naannoo Amaaraa Gondar Lixaa fi Gondar Giddugalaa keessatti raawwatameera.